

سُورَةُ الْفُرْقَانِ  
Suuraa Furqaan

\*Dura dursoo suuran tun { suuratulfurqaan }  
je'anti

قبل كل شئ هذه هي سورة الفرقان

\*Isiin suuraa makkaati,aayata {68 ,69 70}  
malee ,sun ta madiina'aatii .

وهي مكية إلا آية ٦٨ - ٦٩ - ٧٠

\*Aayaanni isi'ii torbaatamii torba {77 }

وآياتها سبع وسبعون ( ٧٧ )

\*Isiin eega suuratu {qureyshitii} buute.

نزلت بعد سورة قريش

\*Jalqabni suuraa tanaa maqaa Rabbiitii

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

\*Ol taye, guddate, kheyryn isaa heddommaatte,

تَبَارَكَ

\* Rabbiin qur'aana buuse, {furqaan} jechuun qur'aana haqaafii baaxila addaan baasu jechu'uu,

الَّذِي نَزَّلَ الْفُرْقَانَ

\*Kan gabricha isaa muhammadirratti qur'aana buuse ,nageenyi isarratti haa jiraatuu,

عَلَى عِبْدِهِ

\* Akka nabi Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu waan aalama tayeef, takkaa qur'aanni tayuuf jecha,

لِيَكُونَ لِلْعَالَمِينَ

l} \*Kan azaaba Rabbiitin nama sodaachisee

نَذِيرًا ﴿١﴾

akka amanan namaafii jinnii godhu, {aalamiin} jechuun warra aylii qabu namaafii, jinni'iifii, malaaykaa,haa tayuu nabi Muhammad malaayka'atti ergamuun guddina isaanii ida'uufi, malee, isaan sodaachisee isaan amansiisu'uufii miti, waan Rabbiin dili'irraa isaan qulqullee ssef jecha, akkasuma waan lubbuun qabnetti nabiin ergamuun isii gud disu'uufi malee, wahitti isaan gid-dee , wahirraa isaan dhoowwu'uufii miti.

\*Rabbiin qur'aana nabirratti buuse,sun isa dachi'ii samii uumee qabu,

الَّذِي لَهُ مُلْكُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

\*Rabbiin ilmoo hin qabu, hin godhanne,

وَلَمْ يَتَّخِذْ وَلَدًا

\*Waan uumee qabu keessatti Rabbiin hiriya hin qabu, shariika hin qabu ,inni tokkicha

وَلَمْ يَكُنْ لَهُ شَرِيكٌ فِي الْمُلْكِ

\*Rabbiin waa hunda dhabamarraa argamsiisee jira

وَخَلَقَ كُلَّ شَيْءٍ

2 } \*Suuraa gaari'irratti uumee jira .

فَعَدْرُهُ وَقَدِيرًا ٢

\* Kuffaarri Rabbii achitti mukha Rabbi go-dhatanii baadan.sibiilas.namaa jinni'is

وَاتَّخَذُوا مِنْ دُونِهِ آلِهَةً

\*Wanni isaan Rabbi je'anii ibaadana sun waan uuman.

لَا يَخْلُقُونَ شَيْئًا

\*Isaan ni sawwaraman, dhaga'aafii, waan birarraa tolfaman,

وَهُمْ يَخْلُقُونَ

\*Wanni isaan Rabbi je'anii ibaadana dararaa ifirraa deebisuu hin dandeessu,

وَلَا يَمْلِكُونَ لِأَنْفُسِهِمْ ضَرًّا

\* Ammallee faaydaa, ifii fidatuu, hin dandeessu nama biraatii fiduu dhiisii,

وَلَا نَفْعًا

\* Ammallee nama ajjeessuu hin qaban,

وَلَا يَمْلِكُونَ مَوْتًا

\*Ammallee jiruu, nama tokkoof kennuu hin dandayan

وَلَا حَيَاةً

3} \* Ammallee nama du'ee qabrii jiru jiraa-chisanii qabriidhaa kaasuu hin dandayan. duuba nama san dandayuu malee Rabbiin hin tayuu akkamitti waan san iba adan Rabbi je'anii.

وَلَا نُشُورًا ٣

\*Warri Rabbi moromu, akki je'e:

وَقَالَ الَّذِينَ كَفَرُوا

\*Qur'aanni kun, waan biraatii mitii,

إِنْ هَذَا

\*Kijiba malee,

إِلَّا آفَاكُ

\*Kan Muhammad if biraa kaasee jere

أَقْتَرَبَهُ

\*Kan ummanni biraa irratti isa gargaare ,warri isagargaare akka je'anitti, yahuuda'aafii, nasgaara'aa, duuba Rabbiin isaanirratti deebisee akki jere:

وَأَعَانَهُ عَلَيْهِ قَوْمٌ آخَرُونَ ٤

4} \*Dhugumaan warri akkas je'u sun, kufri-

فَقَدَجَاءَ وَظَلَمُوا وَزُورًا ٤

'iifii kijiba duiba dubbatan, maalif? wanni nabiin isaanitiin dhufe, qu r'aanni afaan arabaa, {darajaa} sadarkaa ol aantuu tayuu ni arganii, ak kamiin nama araba hin tayintu isa barsiise je'an? kun dhugumaan kijiba, dubbii Rabbii diduun kufri'ii.

\* Ammas sun tayu'uuf dinnaan akki je'an

وَقَالُوا

\*Qur'aanni kun kijiba warra duri, odu du-roo isaaniti,

\*Kan warra isii beekhurraa katabate,

\*Tan isarratti qara'amtu, akka qabatuuf,

5} \*Tan ganamaafii gal gala isarratti qara'amtu ,duuba Rabbiin isaanirratti deebisee , akki nabiinje'e :

\*Wanni isaanin jettu qur'aana kana Rabbii waan nurra dhokhate,

\*Dachi'iifii samii keessatti beekhutu buuse,

6} \*Rabbiin kan nama towbateef araaramu, kan azaaba namarraa booda aansu 'uun rahgmata namaa godhuu je'een.

\*Ammas ormi kuffaaraa akki je'e: maali rasuulli akkanaa?,

\*Kan nyaata nyaatu, kan magaalaa keessa waa bitatu'uu deemu?,

\*Maalif malaaykan sami'ii ittin buune,

7} \*Kan isaan wajji deemee ,isa dhugo'oomsu? kan akka inni ergamaa Rabbii taye ragaa isaaf bayu .

\*Takkaa maalif horiin guddaan samiii gad hin darbamneef ? kan isaafii warri isaa irraa nyaatan . kan waan jiraatun barbaadaf magaalaa keessa deemu'urraa isa duroomsu .

\*Takkaa maalif masnoo hin qabaanne,

\*Kan isi'irraa nyaatee isi'iin duroomu.

\*Ormi kaafiraa, orma mu'minaatin akki jere.

8} \*Nama ayliin isaa tuqamte, kan falfalli itti godhame jala deemtan malee nama fayyaa qabuu miti duuba Rabbiin isaanirratti deebisee akki je'e .

\*Mee laali waan isaan siin jean nama falfalli tuqe , maalif wahitti haajamee mag-

أَسْطِيرًا أَوْلِيًّا

أَكْتَتَبَهَا

فَهِى تَمَلَّى عَلَيْهِ

بُكْرَةً وَأَصِيلًا ﴿٥﴾

قُلْ أَنْزَلَهُ الَّذِي يَعْلَمُ السِّرَّ

فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

إِنَّهُ كَانَ غَفُورًا رَحِيمًا ﴿٦﴾

وَقَالُوا مَا لِيَ هَذَا الرَّسُولِ

يَأْكُلُ الطَّعَامَ وَيَمْشِي فِي الْأَسْوَاقِ

لَوْلَا أَنْزَلَ إِلَيْهِ مَلَكٌ

فَيَكُوبُ مَعَهُ، نَذِيرًا ﴿٧﴾

أَوْ يُقَفِّ إِلَيْهِ كَنزٌ

أَوْ تَكُونُ لَهُ جَنَّةٌ

يَأْكُلُ مِنْهَا

وَقَالَ الظَّالِمُونَ

إِنْ تَتَّبِعُونَ إِلَّا لَرَجُلًا مَسْحُورًا ﴿٨﴾

أَنْظِرْ كَيْفَ ضَرَبُوا لَكَ الْأَمْثَلَ

aalaa dhaqa? maalif malaay kan wajji hin dalayne je'an isaan waan ergamaa Rabbii tayuu sin dhoowwine siin je'an .

\*Duuba sababaa saniin qajeello'orraa jall-atanii

9} \*Haqatti gayuu hin dandayan . waan Rabbiin sababaa kufrii isaanitiif qalbii isaanitiifii , gurra isaanitiifii , ija isaanii du-uchef.

\*Kheyriin Rabbii keetii hedduu likkiin qabne,

\*Rabbiin isa yoo fedhe waan,waan isaan siin je'an sanirra caalu,siif kenna, addunyauma tanarratti wanni harii heddu'uufii ma-snaa isaan je'anirraa caalu sun,

\*Jannata hedduu lagootin isa keessa alii gad yayaatu .

10} \*Kan akkasuma yon fedhe addunyaa

tanarratti faoqii yaokaa qal'aa dhedheeraa sii kennu, haa tayuu Rabbiin san hin feene ,waan addunyaan mana qanani'ii hin tayiniif, tanaaf nabi Muhammad Rabbiin nabiyyii mootii si godhuu jaalattamoo nabiyyii gabricha tayuu jaalatta je'ee ,gaafannaan nabiyyii gabricha tayuudhan jaaladhaa je'ee qananii aakhira'aa filate, haa tayuu kuffaarri qananii aakhira'aa hin beekhu

\*Ormi kuffaaraa sun qiyaamaa kijibsiisanii jiran, qiyaaman ni dhufii hin yaadan

\*Qapheessinee jirra,

\*Nama qiyaamaa kijibsiiseef

11} \*Ibidda akkaan bobeeffame, takkaa shidame.

\*Ibiddi sun hoggaa arma kuffaaraa san halaalaa garte fago'oo garte ,

\*Khoqiinsa didichaa isi'iiti dhagayan, khoqiinsa akka lapheen nama aaree khoyxu .

12} \*Ammallee qooqa isi'ii tan akka qooqa

harre'eeti dhagayan, ibiddi jahannam hoggaa nama tokko itti darbu'uuf har-kisan akka gaangen hoggaa garbuu kennu'uufii deeman himim situtti himimsiti.

فَضَلُوا

فَلَا يَسْتَطِيعُونَ سَبِيلًا ﴿٩﴾

تَبَارَكَ

الَّذِي إِذَا نَشَاءَ جَعَلَ لَكَ خَيْرًا مِنْ ذَلِكَ

جَدَّتْ بَعْرِي مِنْ تَحْتِهَا الْأَذْهَرُ

وَيَجْعَلُ لَكَ قُصُورًا ﴿١٠﴾

بَلْ كَذَّبُوا بِالسَّاعَةِ

وَأَعْتَدْنَا

لِمَنْ كَذَّبَ بِالسَّاعَةِ

سَعِيرًا ﴿١١﴾

إِذَا رَأَتْهُمْ مِنْ مَكَانٍ بَعِيدٍ

سِعْوَاهَا تَعِيْطًا

وَرَفِيرًا ﴿١٢﴾

\*Hoggaa ibiddarraa, takkaa keessaa bakka

وَإِذَا الْقَوْمَانِ مَكَانًا ضَيْقًا

rakko'otti darbaman bakkeen sun itti rakkifamtee akka shikhaalan hoggaa godatti dhawan gonni isa ciniinee qabutti takkaa akka mismaara hoggaa mukatti dhawan mukni ciniinee qabutti ibiddatti darbamanii rakkisee qabe,

\*Isaanii harki lamaanifii miilli lamaan mormatti ol hidhame ibiddatti darbaman

مُقَرَّبِينَ

\*Bakka rakkoo ibidda keessaa saniyi yaaman,

دَعَا هُنَالِكَ

13} \*Halaaka ,yookaa badii ifitti yaaman, yaa badii nuu kootta je'anii, waan badiin azaaba isaan keessa jiran sanirra, laaftuu taatef.

ثُبُورًا ١٣

\*Wanni isaaninje'amu hoggaa takka qofa, takkaa halaaka, yookaa badii takka qofa hin yaammatinaadhaa

لَا نَدْعُوا الْيَوْمَ ثُبُورًا وَجِدًا

14} \*Halaaka hedduu yookaa badii hedduu hoggaa hedduu yaammadhaa akkuma azaabni keessan heddu'uu badii yaammatuun keessan heddommaatuu qabaa

وَأَدْعُوا ثُبُورًا كَثِيرًا ١٤

\*Wanni isaanin jettu,

قُلْ

\* Azaaba akkasii seenu'uutu irra caalamoo?

أَذَلِّكَ خَيْرٌ

\* Jannata qanani'iiti?

أَمْ جَنَّةُ الْخُلْدِ

\* Jannata Rabbiin mu'minaan qananiisu'uuf baallama isaanii seene,

الَّتِي وَعَدَ الْمُتَّقُونَ ١٥

\* Jannanni sun akka sawaaba isaanii taatu,

كَانَتْ لَهُمْ جَزَاءً

15} \*Akka bakka isaan itti deebi'anii qubatan isaanif taatu Rabbiin dabarsee jira.

وَمَصِيرًا ١٥

\*Warra Rabbi sodaatuf waan lubbuun isaanii feetu hundaatu jira jannata san keessa,

لَهُمْ فِيهَا مَا يَشَاءُونَ

\*Kan zalaalamii qanani san keessa taa'an,

خَالِدِينَ ١٦

16} \*Wanni baallama isaanii seename sun

كَانَ عَلَى رَبِّكَ وَعَدًّا مَسْئُولًا ١٦

baallama dhuga'aa kan warri ballamni seenameef sun.yaa Rabbi waan baallama nuu seente nuu kenni je'ee gaafatu ,takkaa malaaykan yaa Rabbi waan baallama seentef san isaanii kenni jettee khadhattu, takkaa gaafattuuf.

\*Guyyaa Rabbiin warra Rabbii achitti muka , nama, jinnii, malaaykaa ibaadufii

وَيَوْمَ يُحْشَرُهُمْ

\*Waan isaan Rabbii achitti gabbaran san walitti qabu dubbadhu ,sun guyyaa qiya-arna'aatii,

وَمَا يَعْبُدُونَ مِنْ دُونِ اللَّهِ

\*Kan Rabbiin warra ibaadameen je'u

فَيَقُولُ

\*Si isintu gabroottan kiyya kanaan nu ibadaa, Rabbii isin uume dhiisa'aa Rabbi nu godhaa je'emoo,

أَأَنْتُمْ أَضَلَلْتُمْ عِبَادِي هَٰؤُلَاءِ

17} \* Isaanumaatu ifumaan jallate je'ee gafatu, kan akka iisa'aa faa warra isaan gabbarerratti ragaa baasu'uu jecha.

أَمْ هُمْ ضَلُّوا السَّبِيلَ ﴿١٧﴾

\* Jennaan warri gabbarame kan akka iisa'aa akki je'e: yaa Rabbi waan siin hin malle hundarraa si qulqulleessinaa,

قَالُوا سُبْحٰنَكَ

\*Nuti sii achitti,waa Rabbi godhannee ibadun keenya waan nuti haqa ittin qabnee akkamitti nama biraa sii achitti waan sin tayin gabbaru'utti ajajna? Tanaaf jecha jarri nu gabbare sun nuti isaan hin jallifnee,

مَا كَانَ يَنْبَغِي لَنَا أَنْ نَتَّخِذَ مِنْ دُونِكَ مِنْ أَوْلِيَاءَ

\*Haa tayuu qananii guddoo likkii hin qabne tan isaanifii abbootii isaanitiin qanan iiften dagaman,

وَلٰكِنْ مَتَّعْتَهُمْ وَعَابَاءَهُمْ

\*Hanga gorsa dhiisanii qur'aanatti amanuu didanitti,hanga jallatanii waan sin tayin Rabbi godhatanii ibaadanitti

حَتَّىٰ نَسُوا الذِّكْرَ

18} \*Isaan warra bade, duuba Rabbiin akki je'e.

وَكَانُوا قَوْمًا بُورًا ﴿١٨﴾

\*Duuba hunoo warri isin gabbartan , kan isaanitu nu jallise jettan, lakkii nuti isaan hin jallifnee ifumaaf jallatan, nuti Rabbii miti je'anii isin kijibsiisanii gubadhaa je'een

فَقَدْ كَذَّبْتُمْ بِمَا تَقُولُونَ

\*Duuba isin ormi kuffaaraa azaaba ifirraa deebisuu hin dandaysanii { sgarfan} jechuun hin deebisan jechu'u,

فَمَا تَسْتَطِيعُونَ صَرْفًا

\* Ammallee wanni is in gabbartan sun azaabarraa isin hin dhoowwitu,

وَلَا نَصْرًا

\*Namni isinirraa Rabbitti waa qindeessu'uun if miidhe takkaa nama isa ibaadu ja-

وَمَنْ يَظْلِمِ مِنْكُمْ

alatee if miidhe,

19} \* Azaaba guddaa aakhira'atti isa azza-bna takkaayuu dhandhamsiifna.

\*Si dura ergamoota keenyarraa nam tokkollee hin ergine,

\*Warra waa nyaatu kan dhugu kan dala-ga'aaf takkaa naggadaa magaalaa dhaqu malee, nama hin nyaanni hin dhuyne kan magaalaa'aa waa bitee gurgur'uuf,hin seenne hin ergine . duuba kun aaduma anbiyoota si dura dabreetii , atis akkuma isaanitii maalif sirratti didan .

\*Nutti garii keessan garii keessaniin mo-

kkorre,dureessa heyyeessan,mokkorre. akka wal waanyayan goone.nama fayyaa qabu kan dhukkubsatuun mokkorre.kan waa beekhu kan waan beynen . maalif namni waan qabne nama kaan hassada, takkaa waany aya. kan waan qabni kan waa qabu hassada maalifan akka isatti horii ar gatuu oole je'ee dureessinis itti if guddisa, kan fayyaa qabuufii kan qabnelleen akkasi. Wannii Rabbiin akkatti wal isin dabarseef, obsa qabaatuu keessaniif obsa dhabuu keessan,waan Rabbiin qoode jaalattaniiti itti amantan moo jibbitaniiti itti ka-fartanii laalu`uu takkaayuu mul`isu`uu jecha .

\*Ni obsitan moo hin obsitan ? obsaa je chuu.

20} \*Rabbiin kee nama sabrii qabuufii kan obsine kan kan amanuufii kan kafaru ni be-ekka ni argaa namuufuu akka haqa godh-atuun jazaa galcha .

\*Warra argaa teenya hin sodaanne kanneen guyyaa boruu kaafamneeti Rabbirraa fida-mnee, waan dalaynerraa gaafatamnaa hin yaanne ,kan saniif jecha aakhiraa hin so-daanne, akki j e'an

\*Bakka Muhammad ,nutti ergamu, maalif malaaykan nutti hin ergamin?

\*Takkaa odoo Rabbi keenyee garree Muh-ammad ergamaa kiyya je'ee nutti odeessee silaa ni amanna je'an

\*Duuba rabbiin akki je'e Dhugumaan warri akkas je'u.if guddise,ergamaa namarraa ta-

نُدْفُهُ عَذَابًا كَبِيرًا ﴿١٩﴾

وَمَا أَرْسَلْنَا قَبْلَكَ مِنَ الْمُرْسَلِينَ

إِلَّا أَنْهُمْ لَيَأْكُلُونَ الطَّعَامَ وَيَمْشُونَ فِي الْأَسْوَاقِ

وَجَعَلْنَا بَعْضَكُمْ لِبَعْضٍ فِتْنَةً

أَتَصْبِرُونَ

وَكَانَ رَبُّكَ بَصِيرًا ﴿٢٠﴾

❖ وَقَالَ الَّذِينَ لَا يَرْجُونَ لِقَاءَنَا

لَوْلَا أَنْزَلْ عَلَيْنَا الْمَلَاتِكَةَ

أَوْ نَرَى رَبَّنَا

لَقَدْ اسْتَكْبَرُوا فِي أَنْفُسِهِمْ

ye , didanii, ergamaa malaayka'arraa taye barbaadu'uun ,

21} \*Dhugumaan jallina keessa wasanaa bayan , addunyaa tana keessatti rabbi arguu barbaadu'uun.

وَعَتَوْا عُنُوتًا كَبِيرًا ﴿٢١﴾

\*Guyyaa isaan malaaykaa argan, sun hoggaa du'atti jirani kan malaaykan lubbuu isaanii fuudhu'uuf buutee ijaan argan, takkaa guyyaa qiyaama'aatii akkuma namni biraa argutti malaaykaa argan,

يَوْمَ يَرَوْنَ الْمَلَائِكَةَ

\*Guyyaa san kuffaarri waan isaan rifachii-

لَا بُشْرَىٰ يَوْمَئِذٍ لِلْمُجْرِمِينَ

su malee, waan isaan gammachiisu hin argan, hoggaa san wanni malaaykan isaanitti mul'attuuf isaan qixaaxu'uufii, ammoo mu'minni gaafas jannataan gammachiifama hoggaa du'utti jiru tayuu guyyaa qiyaama'aa tayuu,

\*Wanni malaaykan kuffaarri jettu:

وَيَقُولُونَ

22} \*Jannanni araaramni isinirratti har-

حِجْرًا مَّحْجُورًا ﴿٢٢﴾

aame, takkaa orma kuffaaratiitu hoggaa malaaykan ar'a kuffaarri hin gammadu jette { hgijran mahgjuura } waan malaaykan nutti farriftu kana rraa , takkaa malaayka'arraa Rabbitti maganfatan, akka gaafa adduny a'arra jiran, hoggaa cingiin itti argamte rabbitti maganfatanitti, kan hog gaa balo'oodhitti bayan itti kafaran, duuba rabbiin akki je'e :

\*Waan gaarii isaan addunya'arratti dalagan takka sadaqa'aa fira maxxanfatu'uu laalleti balleessuu feenee murree,

وَقَدِمْنَا إِلَىٰ مَا عَمِلُوا مِنَّ عَمَلٍ

23} \*Huuba faca'ee, dhabame goone { haa-

فَجَعَلْنَاهُ هَبَاءً مَنْثُورًا ﴿٢٣﴾

baa' } huuba aduu foodda'aan mana seentu keessan mul'atu, kan hoggaa kaan hin mul'anne, dalagaan isaanitis aakhira'atti akka dhukkee azooramtee, baddeeti, waa takka sawaaba irratti hin argatani, waan sharxiin aakhira'atti sawaaba waan dalaganii argataniin dhabamteefjecha, sun rabbi tokkicha addunya'aa aakhiraa uumetti amanee , eega nabi Muhammad ergamee, nabi Muhammaditti amanu'uu .. ammoo addunya'arratti kaafirri sawaaba dalagaa gaari'ii tan niya'atti hin haajamne ni argata, ilmaanifii horii, fayyaa faa isaa kennee.

\*Warri jannataa, isaan mu'mina rabbiitii,

أَصْحَابُ الْجَنَّةِ

\*Guyyaa qiyaama'aa, bakka gaarii qubatan kan kuffaarri bakka hamtuu qubatan,

يَوْمَئِذٍ خَيْرٌ مُّسْتَقَرًّا



24} \*Ammallee guyyaa qiyaama'aa bakka-hara itti baafatan kan keessa taa'anii taraa hisaabaa eeggatan gaaddisa gaarii qaban, hangi taraa hisaabaa hanga cinaa guyya'aati,

وَإِحْسَنَ مَقِيلًا ﴿٢٤﴾

\*Guyyaa samiin hundi dhodhootu, duume-

وَيَوْمَ تَشْفَقُ السَّمَاءُ بِالْغَمِّ

ssa adi'iin, dumessi sun samii torbaniif ol jira,ulfinni isaa akka ulfina samii orbaniiti , furdinni isaatis akka furdina samii torbaniiti, duuba samii torbeessa'arra bu'ee ulfinaan ura hanga samii gad aantu urutti, kan malaaykan samii hunda keessajirtu, isa yaabbattu lafa bu'uuf,

25} \* Guyyaa malaaykan samii hundaa buufamte sun guyyaa qiyaama'aatii,

وَنَزَّلَ الْمَلَكُ تَنْزِيلًا ﴿٢٥﴾

\*Mootummaan haqaa tan nama tokko akka gaafa addunya'atti,an mootii, maqa'alle'eef maddi'itti hin jenne, ta rahgmaan tan rabbiiti

الْمَلَكُ يَوْمَئِذٍ الْحَقُّ لِلرَّحْمَنِ

26} \*Guyyaan qiyaama'aa kaafirarratti jabbaa .hamaa afa'a, kan kaafirarratti akka, ammoo mu'minarratti labara kum shantamaa dheeratu,cinqiin itti jabaatuu, keessa mu'minarratti akka yaroo salaata fardiidhaa tokko salaataniiti .

وَكَانَ يَوْمًا عَلَى الْكَافِرِينَ عَسِيرًا ﴿٢٦﴾

\*Guyyaa kaafirtichi sheenaa keessa harka if ciniinu dubbadhu, sun guyyaa qiyama'aati.

وَيَوْمَ بَعْضُ الظَّالِمِ عَلَى يَدَيْهِ

\*Wanni inni gaafasje'u:

يَقُولُ

\*Yaa ummata kiyya wannin hawwuuf

يَلِيَّتِي

27} \*Odo'o nabi Muhammadiin wajji karaa kajeello'oo qabadhee deemee?

أَتَّخَذْتُ مَعَ الرَّسُولِ سَيْبًا ﴿٢٧﴾

\*Yaa badii tiyya ,

يَوَلِّيَتِي

28} \*Oduman abaluu jaala godhatuu baadhee.

لَيْتَنِي لَمْ أَتَّخِذْ فَلَانًا خَلِيلًا ﴿٢٨﴾

\*Dhugumaan qur'aanarraa na jallise,

لَقَدْ أَضَلَّنِي عَنِ الذِّكْرِ

\*Eega inni natti dhufee itti amanee, itti na kafarsiisee, sheyxaana natti tayee,

بَعْدَ إِذْ جَاءَنِي

29} \*Sheyxaanni waan badi'itti nama kees-

وَكَانَ الشَّيْطَانُ لِلْإِنْسَانِ خَذُولًا ﴿٢٩﴾

setti hoggaa namni waan san dalagee rakkate, jalaa gara gala, tums u'uuf dhiisee, makгнаа {khazhuulaa} jechu'uu kanaa, namichi akana je'e namicha {kguqbaa ilma abii mukgeyxii} je'amu kan iimaanarraa isa ga ra galche, namicha {ubayyii ilma khalaf} je'arnu, aayanni tun.odoo nama amanee, eegasii irraa deebi'e hunda qabattuu, haa tayuu nama buutef qabdi, inni namicha {kguqbaa ilma abii mukgeyxii} je'amu kan nabi Muhammaditti amanee, ja-ala isaa kan ubayyii ilma khalaf je'amuu je'ee, kafare. Akka inni itti amaneeffii akka inni itti kafare: gaaf tokko ilmi {mukgeyxi} kan nyaachisa godhee, ollaa yaame nabi Muhammadis ollaa isaatii kanuma, namichi sun kanuma kaafiraa nabis ni yaame duuba waan nama, nama yaame yaaminsa isaa owwaatun dirqii taatef, nabi Muhammad mana kaafirticha sanii ni dhaqe, duuba dhaqu'u-utu dirqama malee waa nyaatun dirqama waan hin tayiniif, hoggaa nyaata warra yaa mame durakhaayan, nabi Muhammad yoo amante malee nyaata kee hin ya adhu je'een, akkasitti namichi sun amanee, nabiin nyaata isaa nya-ate, ammoo jaalli isaa kan ubayyii ilma khalaf je'amu hoggaa dhagayu ni amantee je'een? lakkii namni tokko nyaachisa kiyya dhufee, yoo amante ma-lee hin yaadhu jennaan, afaan qulla mana kiyyaa bayuu isaa qaanfadhee ama-ne , duuba akkasitti nyaate je'een, jennaan jaalli isaa kun akkamitti amante je'ee komatee akki je'een yoo amma nama si arnansi isetti dhayxee, fuula isatti tuftee, kafarte malee, siif hin araaramu je'een, akkasitti tole je'ee hoggaa dhaqee fuulatti tufu, hancufti isaa fuula isatti deebitee fuula isaa gubde ,du-uba nabi Muhammad akki je'een, gaafa san makka jirani yoo ala makkatti si arge habale'eenan mataa sirraa darba je'een, duuba eega nabi Muhammad madiinaadhatti godaanee, islaamni jabaatee, lolli dura dursoo, nabiiffii warra makkaa jiddu'utti tayee, kan lola {badrii} je'amu, lola san keessatti {kguqbaan} kun boojiyamee, nabiin, asaaba {kgali'in} matarraa darbi je'ee ajjeeffame, am moo saahibni isaa {ubayyii} duula uhgud keessatti nabitti if dhaadee kan qaamni isaa hundi sibiilan hagoogame, hanga ijaa malee, wanni nabiin je'e , ar'a yoo baate an namaa miti je'ee farda isii yaabbatee nabi ajjeessu'uuf amata meeqaatam nyaachise yaabbatee, nabi Muhammad kan asaaban diina itti jigu irra deebisuudhaa marsitee dhaabbattutti lallabee nabiin gad naa bayi je'ee, hoggaa san asaabonni nabi ajjeessaa sodaatanii, itti bayuu qophaayan ,hoggaa san nabiin asaabotaan kara'arraa maqaa naafii isa walitti dhiisaa je'eenii, walii bayan duuba nabiin, narnni akka isaa biifle'ee ammallee jeynaa hin jiruu narnichuma akkasitti qaamni sibiilaa san lubbuu isaa keessa waraanee saniin du'e.

\*Nabi Muhammad akki je'e:

وَقَالَ الرَّسُولُ

30} \*Yaa rabbi, ummanni kiyya qur'aana

يَرْبِّ إِن قَوْمِي اتَّخَذُوا هَذَا الْقُرْآنَ مَهْجُورًا ﴿٣٠﴾

kana itti amanuu dhiisanii ,itti dalaguu dhiisan takkaa eega haffazanii qornatti qabatani tooyatuu dhiisanii,irraanfatan, je'eeti rabbitti himate, nabi Muhammad, keessattuu gaafa dura qur'aanni makkatti bu'u, kan qureyshin warri makkaa itti amanuu didee, dura dhaabbatu, kan takka walaloo, takka falfala, takka odu duroo, je'anii qur'aana tuqan, gaafas nabiin haala jara sanii rabbitti himate, tanaaf jecha, namni qur'aanatti amanuu dideefii warri eega haffaze irraanfate wal qixaa miti kan itti amanuu dideetu irra hama' .

\* Akkuma ummata kee diina kee, yookaa nyaaba kee goone,

وَكَذَلِكَ

\*Nabiyyii hundaaf diina goonee jirra .warra Rabbitti kafaarraa, duuba{ anbiyonni} sun ni obsee, atis akka isaanitti obsi,

جَعَلْنَا لِكُلِّ نَبِيٍّ عَدُوًّا مِّنَ الْمُجْرِمِينَ

\*Rabbiin karaa gaarii diriira'aan si gayu'uuf ni gayaa,

وَكَفَىٰ بِرَبِّكَ هَادِيًا

31} \* Ammallee rabbiin sii tumsee diina keetirra si aansu'uuf ni gayaa nama birattin haajamtu.

وَنَصِيرًا ﴿٣١﴾

\*Warri rabbitti kafare akki je'e

وَقَالَ الَّذِينَ كَفَرُوا

\*Maalifqur'aanni bakka takkaa walii galli

لَوْلَا نَزَلَ عَلَيْهِ الْقُرْآنُ مُجْمَلَةً وَوَحْدَةً

isaa isarratti hin buune,akka towraat faan bakka takka bu'etti, qur'a anni hundi isaa bakka takkaa bu'ee samii dunya'aa keessa kaayamee, eegasii bara diid-damii sadii keessati suuraa suura'aan, aayata aayataan, walii galli isaa lafa gaye, takkaayuu na biratti bu'e, duuba kuffaarri maalifakkatti bu'a maalif bakkuma takkaa hin bu'in je'an rabbiin akki je'e

\*Wanni qur'aana akkasitti adda babaa fuee, buufnef, ,

كَذَلِكَ

\* Akka qur'aana , adda babaafnee buusuu kanaan Qalbii tee jabeessinuufi akka sittin ulfaanne goonufi, qur'aanni ni ulfaataa, yoo bakka takkaa bu'e daranii, qalbiin ba'atuu hin dandeessuu,

لِنُنَبِّئَكَ بِهِ فُؤَادَكَ

32} \*Qur'aana kana adda babaafnee jirra, aayata aayataan, xiqqo xiqqoon buufnee amata 23 keessatti akka baratu'uufii .barisulleen laafuf jecha siifii ummata keetille'eef.

وَرَوَّلْنَاهُ تَرْيِيلًا ﴿٣٢﴾

\*Yaa ergamaa kiyya ormi kuffaara sun

وَلَا يَأْتُونَكَ بِمَثَلٍ

fakkeessaa yookaa waan ragaa godhatu'uuf deemaniin tokkoon sittin dhufan, si tuqu'uu jecha, qur'aana tuqu'uu jecha, islaamarraa nama dhoo wwu'uu jecha waan dhugaa fakkeessaniin hin dhufan,

\*Nuu waan haqaa, kan waan isaan hufaniin balleessun sii dhufu taanu malee haqa adii khijiba isaanii haqu ,  
33} \*Waan dubbii akkaan isaanii ibsu

إِلَّا حِشْنَاكَ بِالْحَقِّ

وَأَحْسَنَ نَفْسِيرًا ٣٣

makgnaan kanaa: hogguma kuffaarri waan diin kee balleessu dalage takkaa waa si gaafate mara, raga dhuga'aa finneeti, irratti deebifnee, waan isaan deemaniin harkatti balleessinaa hin yaaddawin, takkaa waan isaan si gaafataniif deebisaa kenninaan hin sodaatin.

\* Isaan warra guyyaa qiyaama'aa gara ibidda jahannam oofamu, isaanii fuulan lafarrayaa'u,

الَّذِينَ يَحْشُرُونَ عَلَىٰ وُجُوهِهِمْ إِلَىٰ جَهَنَّمَ

\*Isaan sun warra bakkeen isaan qubatan akkaan hamtu 'u uti, sun jahannamii,

أُولَٰئِكَ شَرٌّ مَّكَانًا

34} \*Isaan warra nama hundarraa karaa hammaatu sun kufrii isaanitii, kufriin karaa badaadhaa.

وَأَضَلُّ سَبِيلًا ٣٤

\*Dhugumaan nabi muusa'aaf kitaaba {to-wraat} je'amu kenninee jirra,

وَلَقَدْ آتَيْنَا مُوسَىٰ الْكِتَابَ

35} \*Obboleessa isaa haaruun, isaan waiii erginee, akka qondaala isaa tayee isa gargaaru goonee jirra.

وَجَعَلْنَا مَعَهُ أَخَاهُ هَارُونَ وَزِيرًا ٣٥

\*Wanni isaan lamaanin jennu: ummata aayata keenya kijibsiisetti dhaqa'aa qajeelchaa, isaan warra misraatii .. duuba itti dhaqaniiti ergaa rabbii itti geessan, haa tayuu hin qeeballee, isaan kijibsiisan

فَقُلْنَا أَذْهَبًا إِلَىٰ الْقَوْمِ الَّذِينَ كَذَّبُوا بِآيَاتِنَا

, 36} \*Duuba ummata misraa san ,balleessa hamtuu balleessine, baharitti harree

فَدَمَّرْنَاهُمْ تَدْمِيرًا ٣٦

\*Ummanni nabi {nuuhg} ergamoota rabbii

وَقَوْمُ نُوحٍ لَّمَّا كَذَّبُوا الرُّسُلَ

kijibsiifnan, ergamaan isaanii kan isaan kijibsiisan {nuuhgii} wanni anbiyoota kijibsiisan je'eef nabiyyii tokko kijibsiisan akka waan anbiyoota, ergamoota hunda kijibsiisu'utii. takkaa nabi nuuhg isaan keessa turu'uun akka nama heddu'uu tayee ,

\*Bishaanin balleessinee,

أَعْرَفْنَاهُمْ

\*Nama isaan booda dhufe hundaaf gorsa goone,

وَجَعَلْنَاهُمْ لِلنَّاسِ آيَةً

\*Warra rabbitti kafareef qopeesinee jirra aakhia'atti

وَأَعْتَدْنَا لِلظَّالِمِينَ

37} \*Qixaaxa akkaan isaan laalessu, qixaaxa addunya'aratti qixaaxaman malee.

عَذَابًا أَلِيمًا ﴿٣٧﴾

\*Ummata nabi huud {kgaad} kan {iram} je'amu,

وَعَادًا

\*Ummata nabi sgaalihg kan {thamuud} Je'amu,

وَتَمُودًا

\*Warra { rassii } kan nabi shukgeyn itti ergame, takka namni {hanzalaa} je'amu itti ergame {rassi} jechuun eela jechu'uu kan nabiiyii ajjeefnan yookaa kijibsiifnan eelli isaanin cite dhuman,

وَأَصْحَابَ الرَّسِّ

\*Ummata hedduu finne,

وَقُرُونًا

38} \*Zamana ummata aadifii ummata rassii jidduu jiru keessatti uumnee jirra ummata hedduu.

بَيْنَ ذَلِكَ كَثِيرًا ﴿٣٨﴾

\*Ummata san hundaafraagaa karaa haqaa ibsinee jirra,

وَكُلًّا ضَرَبْنَاهُ الْأَمْثَلِ

39} \*Orma san hunda sabaaa isaan qajeeluu didanii ergamoota keenya kijibsissaniif, balleessaa hamuu balleessinee jirra..

وَكُلًّا تَبَّرْنَا تَتْنِيرًا ﴿٣٩﴾

\*Kuffaarri makkaa {qureyshin} dabartee jirti ,

وَلَقَدْ آتَيْنَا

\*Ganda roobni hamaan itti rooberra dabartee jirti hoggaa shammadaaf shaamitti

عَلَى الْقَرْيَةِ الَّتِي أَمْطَرْنَا مَطَرًا سَوِيًّا

yaa'aniifii hoggaa irraa deeb i'an, gandi sun mandara guddaa biyya nabi luuxi , kan {sadium} je'arnu, isaan dhiiran wal koruu dhiisuu dinnaan, rabbiin ganda san buqqisee warra keessa jiruun gad gombisee, warra gaafas imaltuu diida jim ,hog gaa galan dhagaa sami'ii itti roobsee, akkasitti hunda isaanii lafarraa fixee,

\*Si duuba isaan san arganii, hin gorfa maniinii? ni argan jechuu,

أَفَكُلَّمْ يَكُونُوا يُرْوِنَهَا

40} \*Haa tayuu isaan qabri'ii kaafamuu hin sodaatan, ni kaafamnaa waan daleyneraa gaafatamnaa hin yaadanii, tanaaf hin arnanne

بَلْ كَانُوا لَا يَرْجِعُونَ شُورًا ﴿٤٠﴾

\*Kuffaarri makkaa hoggaa si arge,

وَإِذَا رَأَوْكَ

\*Si xiqqeessuu ma lee sin kabaju, wanni isaan je'an :

إِنْ يَنْخَدِئُوكَ إِيَاسًا

41} \*Si kanurnaa kan rabbi in nutti erge akka himatutti an ergarnaa rabbiiti je'ee

أَهَذَا الَّذِي بَعَثَ اللَّهُ رَسُولًا ﴿٤١﴾

\*Inni kun,ragaa hedduu fidee waan akka dhaga'aa Kan nuti rabbi godhannee gabb-arurraa nu dhowwuutti ka'e ,

إِنْ كَادَ لِيُضِلَّنَا عَنْ آلِهَتِنَا

\*Odoo obsinee irratti goggoynee aadaa tenya qabatuu baannee, silaa karaa keeny-arraa nu jallise je'an, duuba rabbiin isaanirratti deebisee akki je'e :

لَوْلَا أَنْ صَبَرْنَا عَلَيْهَا

\*Gaafa aakhira'atti azaaba ibiddaan ijaan argan beekhu'uuftaa'an,

وَسَوْفَ يَعْلَمُونَ حَيْثُ يَرُونَ الْعَذَابَ

42} \*Narna kara'arra maqe,isaanirnoo orna islaarnatii, narnni kara'arraan jirre orna kuffaarati jechuu.

مَنْ أَضَلُّ سَبِيلًا ﴿٤٢﴾

\*Gartee mee naa odeessi ,

أَرَأَيْتَ

\*Nama waan nabseen isaa jaalattu rabbi godhatee ibaadu, takkaa waan nabseen fetu dalaga'arra oolchu, kan waan nab seen feetu inurna hin dinne,

مَنْ أَخَذَ إِلَهَهُ هَوْنَهُ

43} \*Si ati,narna isa eegee waan jaalatu,

أَفَأَنْتَ تَكُونُ عَلَيْهِ وَكِيلاً ﴿٤٣﴾

rabbi godhatu'urraa isa dhoowwu taataa? hin taatu, urnmanni arabaa islaarna dura hoggaa dhagaa bareedaa arge rabbi je'eeti gabbara, ammas yoo dhagaa isarra bareedu arge , kan duraa darbeeti, kana gabbara.

\*Takkaa si orna kuffaaraa san irra hedduu isaanii,waan dhagayan seetaa? Dhageeytii waa beekhuudhaa ,

أَمْ تَحْسَبُ أَنَّ أَكْثَرَهُمْ يَسْمَعُونَ

\*Takkaa waan dubbii aylifatan seetaa?

أَوْ يَعْقِلُونَ

\*Jsaan dhagaa rabbi godhatan sun, akka beylada'aati {gaalafii ,loonii, re'ee},

إِنَّهُمْ إِلَّا كَالْأَكَاذِبِ

44} \*Inumaa isaantu karaa yookaa haala

بَلْ هُمْ أَضَلُّ سَبِيلًا ﴿٤٤﴾

irra badaarra jira, maalif horiin {beyladaan} nama isii tiysu kan isii nyaachisu ni dhageessi, waan isi'ii tolu barbaaddeti, waan isii miidhurraa dheysiti, ammoo isaan rabbii isaan uume kan isaan qananiise hin dhagayan, hin beekhan, ammas horiin yoo qalatan foonii, waan biralle'een nama fayyada.

\*Dalagaa rabbii keetii hin agarree akka itti gaaddisa bali'su, hoggaa bakkalchi bayerraa hanga aduun baatutti ,takkaa yaroo guyya'aa hunda, odoo inni jiraatuu baatee silaa oow'i nama ajjeesaa,

أَلَمْ تَرَ إِلَى رَبِّكَ كَيْفَ مَدَّ الظِّلَّ

\*Silaa rabbiin odoo fedhee , gaaddisa gaaddisa odoo aduun hin baane jiru san aduu baasee hin deemsisuu akkasummatti dhiisa, takkaa gaaddisa guyya'aa kana gama tokkorraa tokk otti hin jirjiiruu bakkuma takkatti dhiisa,

وَلَوْ شَاءَ لَجَعَلَهُ سَاكِنًا

45} \*Eegasii aduu baafnee akka gaaddisa

ثُمَّ جَعَلْنَا الشَّمْسَ عَلَيْهِ دَلِيلًا ﴿٤٥﴾

beysiftuu goone,silaa odoo ifni adu'uujiraatuu baatee,gaaddifni wahii ni jiraan hin beekkamuu, wanni hundi waan diddaa isi'iitin beekkamtii ,duk kanti ifaan beekkamti, wanni biraatis akkasi .

46} \*Eegasii gaaddisa addunyaa guutee

ثُمَّ قَبَضْنَاهُ إِلَيْنَا قَبْضًا يَسِيرًا ﴿٤٦﴾

odoo aduun hin bayin taa'u san, aduu baafnee xiqqo xiqqoon deemsifne, takkaa gaaddisa waa hundaatuu, kan ganama hoggaa aduun baatu dheera'aa, xiqqo xiqqoon gabaabsa'aa deemsifua, hanga weytii orra'aa gabaabbatutti takkaa dhabamutti, kan eega aduun gama dhiyaa deebitee naannoyteeyis dheerata'aa, demu hanga hoggaa aduun seente dhabamutti.

\*Rabbiin kan halkan, akka uffatatti nama hagoogu isinii god he,

وَهُوَ الَّذِي جَعَلَ لَكُمُ الْيَلَّ لِيَّاسًا

\*Kan hirriiba waytii dalagaa dhiisanii qaama hara baafachiisan godhe,

وَالنَّوْمَ سَبَاتًا

47} \*Kan guyyaa waytii isa keessa rizqii barbaaddat u'uuf olii gad facaan godhe takkaa waan biraatif olii gad keessa yaa'an godhe.

وَجَعَلَ النَّهَارَ نُشُورًا ﴿٤٧﴾

\*Rabbiin isa qilleensa erge,

وَهُوَ الَّذِي أَرْسَلَ الرِّيحَ

\*Kan rooba dura deemee, roobni dhufuu beysisee, nama gammachiisu ,

بَشْرًا بَيْنَ يَدَيْ رَحْمَتِهِ ۗ

48} \*Kan duumessa qilleensa oofu sanerraa bishaan dhuydani, xahaarattaniin bu ufnee jirra .

وَأَنْزَلْنَا مِنَ السَّمَاءِ مَاءً طَهُورًا ﴿٤٨﴾

\*Biyya dheebottee goggoydee duute takkaan jiraachisu'uuf,

لِنُحْيِيَ بِهِ بَلْدَةً مَيِّتًا

\*Bishaan san obaafna waan uumnerraa,

وَنُشْقِيَهُ مِمَّا خَلَقْنَا

\*Beyladaa { gaalafii, loonii.reee } obaafna wanni jara sadeen kana dubbateef odoo wanni biralleen akkas taatuu ? ho rii sadeen kanatti jiruun isaanii akkaan hidhaa jecha'aafi ,

أَنعَمَا

49} \* Ammallee nama hedduu bishaan roobaa san obaafne.

وَأَناسِيَ كَثِيرًا ﴿٤٩﴾

\*Dhugumaan rooba biyya adda addarra

وَلَقَدْ صَرَّفْنَاهُ بَيْنَهُمْ

waytii adda addaa keessa, qoonneejirra , {ibnu maskguud} akkijje'e: amanni tokko amata tokkorra rooba hin heddommaatu, haa tayuu rabbiin rizqii biyya hundaa qoodeti, samii keessa kaaye, duuba achirraa roobni saffarii, beek- arntu'uun, biyya qoodamteef sanii rooba, ammoo yon bitti sun dilii dalayde, qooda isi'ii biyya biraatif dabarsa, yoo bitti hundi, walii galtee ,dilii daleyde dilooyte, qooda isaanii bahariifii, baraha namni ittin fayyadannetti roobsa .... wanni rabbiin akkanatti, rooba roobsee, namaa sa'a obaasee, biyya duutee obaasee jiraachiseef,

\*Akka waan rabbiin isaanin qananiise

لِيَذْكُرُوا

kana, laalanii, rabbiif galata galchaniifi akka rabbiin dachii goggoydee duutee ,waa magarsuu dhiifte, rooba itti roobsee jiraachise nama du'es jiraachisuu dandayaa beekhanii, amananiifi, akka wanni roobni nurra cituuf dilii teenyafii beekkanii, dilii keessa j iran dhiisaniif,

\*Duuba irra hedduun namaa ni dide,

فَأَيُّ أَكْثَرِ النَّاسِ

50} \*Qananii rabbii moromuu malee,tanaaf

إِلَّا كُفُورًا ﴿٥٠﴾

rabiitu nuu roobse je'uu dhiisani urjii abaluutu abaluun wajji bulee, nuu robe je'anii, urji'itti irkisan, akkas jechuun hin gayu, kan ro oba roobsu rabbii manaazilli abaluu yon seene roobni roobun waan rabbiin waytii san keessa roobsuu aadaa nu godhe malee manzilli sun hin roobsu, rooba san rabumaatu waytii san keessatti uuma yon rabbiin hin roobsin manzilli sun roobsuu hin dandayu.



51} \*Odoo feene yaa ergamaa kiyya zama-

وَلَوْ شِئْنَا لَبَعَثْنَا فِي كُلِّ قَرْيَةٍ نَذِيرًا ﴿٥١﴾

numa kee kana ganda hundatti rasuula kopha'aa, kan isaan sodaach isee amansiisu ergina, haa tayuu nuti san hin feene, wanni nuti feene nama hundatti, biyya hundatti si qofa ergu' akka sawaabni siif heddomaatuf akka nama sababaa keetin rabbitti amane hundarratti sawaaba argattuuf hanga guyyaa qiyaama'atti

\*Warra rabbitti kafare, dubbii isaanii waan isaan jaalatan hin dhagayin ,

فَلَا تَطْعَمُ الْكَافِرِينَ .

52} \*Qur'aana kanaan jihaada guddaa isaanitti godhi.

وَجَاهِدْهُمْ بِهِ جِهَادًا كَبِيرًا ﴿٥٢﴾

\*Rabbiin kan bahara lamaan wal maddii yaasu, kan walitti maxxanan, kan ammon walitii hin makhamne,

❖ وَهُوَ الَّذِي مَرَجَ الْبَحْرَيْنِ

\*Kan kun mi'aayaa soogidda hin tayin, kan akkaan mi'aayu, kan dheebuu nama baasu, kan waa magarsu,

هَذَا عَذَبٌ فُرَاتٌ

\*Kan kun bishaan isaa akkaan soogiddaa , hadhaaya'aa

وَهَذَا مِلْحٌ أُجَاجٌ

\*Rabbiin bahara lamaanjiduu {barzakh} waan walitti yaa'uu dhoowwu godhe,

وَجَعَلَ بَيْنَهُمَا بَرْزَخًا

53} \*Dawuu bishaan bahara lamaanii walitti makamu dhoowwutu goone, bahara la-

وَجِجْرًا تَحْجُورًا ﴿٥٣﴾

maan akkanaatitu jira, kan bishaan mi'aayan bishaan soogiddaa hadhaayaa keessa yaa'u, kan mi'aa yan sun mi'uma ifiitin taa'u .kan bishaan soogiddaatis soogiddummaa isaatin taa'u, wanni addaan isaatin dhoowwu, waan namni ijaan hin aga rre sun waan dandeytii rabbii nu garsiisu... ammon ibnu kasiir akki je'u: baharri lamaan, mi'aayan lagootii, eela, ija .. ammoo hadhaawan , bahara dawoon walitti makhamuu isaan dhoowwitu, dachii isaan lamaan jidduu jirt u tana tan gaafa qiyaaman dhaabbatte jiddu'uu deemsisee, bishaan lamaan walitti makhamu .. wanni rabbiin bishaan baharaa soogidda godheef akka wanni isa keessatti du'e ajaayee qilleensi addunya'aa hin banneefi .

\*Rabbiin isa bishaanirraa nama uume sun maniyyii dhiira dhala'aatii akka aada'atti, maalif hogaan rab biin nama bishaan dhiira dhala'aa malee ni uumaa, kan akka aadam kan akka kgiisaadhaa, takka hgawwa'aa,

وَهُوَ الَّذِي خَلَقَ مِنَ الْمَاءِ بَشَرًا

\*Rabbiin nama uume san, garii kan abaa-buu itti lakkaawwatan godhe, sun dhiiraa,

فَجَعَلَهُ نَسَبًا

\*Garii nama isi'iin soddooman godhe sun

وَصِيحْرًا

dhala'aa namni abba'atti yookaa dhiiratti abaabuu lakkaawwatu'uun beek-kama, ammoo jaalalti nama jiddu'utti argamuun dhala'aani, rabbi in bishaa-numa tokkorraa gosa namaa: dhiiraa dhala'aa uume ,

54} \*Rabbiin kee kan wahayyuu waan fedhe hundaayu dandayu,kan waan dubbanne uumuudhan dandeytii isaa nu garsiise ,kan saniin rabbiin biraa isa malee hin j iruu beyne.

وَكَانَ رَبُّكَ قَدِيرًا ﴿٥٤﴾

\*Haa tayuu warri rabbii waan san hunda uume moromo, rabbii achitti waan biraa ibaadun,

وَيَعْبُدُونَ مِن دُونِ اللَّهِ

\*Waan isii ibaadun isaan hin fayyanne,

مَا لَا يَنْفَعُهُمْ

\*Waan yoo isii ibaaduu dhiisan isaan hin dararre, sun dhaga'aafii, waan harka isaaniitiin tolchan kan biraatii,

وَلَا يَضُرُّهُمْ

55} \*Kaafirri dilii rabbirratti ,sheyxaana gargaara waan inni je'u dhagayu'uun.

وَكَانَ الْكَافِرُ عَلَىٰ رَبِّهِ ظَهِيرًا ﴿٥٥﴾

\*Yaa ergamaa kiyya nuti waan biraatii sin ergine, akka warra amane jannataan gam-machiiftufi malee,

وَمَا أَرْسَلْنَاكَ إِلَّا مُبَشِّرًا

56} \* Akka ibidda rabbirraa nama sodachiftuufi malee, yoo amanuu baatan .

وَنَذِيرًا ﴿٥٦﴾

\*Wanni namaan jettu an diin isin bars iisu'urratti horii naa kennaa isiniin hin je'u, horii baasaa isiniin hin je'u,

قُلْ مَا أَسْأَلُكُمْ عَلَيْهِ مِن أَجْرٍ

57} \*Nama jaalala rabbii isatti,karaa baafatuu fedhe malee, amanee, waan gaarii dalagee, sadaqaa rabbii je'ee kennatee, nama waa hin qabne gargaaru'uun, namni san fedhe, haa dalaguu hin dhoowwuuji'iini .

إِلَّا مَن شَاءَ أَن يَتَّخِذَ إِلَىٰ رَبِّهِ سَبِيلًا ﴿٥٧﴾

\* Ati rabbii j iraa duuti isaan hin mallerratti irkadhu isuma abdadhu, waa hunda afuu isumaatu sii tumsee, diin kee mul'isaa,

وَتَوَكَّلْ عَلَى الْحَيِّ الَّذِي لَا يَمُوتُ

\*Rabbii kee waan isaan hin malle hundarraa qulqulleessi,isa faarsu'uun wajji {subhganallaahi wa bihgamdih} ji'ii ,

وَسَبِّحْ بِحَمْدِهِ

58} \*Rabbiin haala gabroota isaa beekhun ni gaya, dilii isaan dalagan waan gaarii isaan dalagan beekhaa, rabbiin waan uumef weytii fedhe jazaa galchuu dandaya, quba qaba.

وَكَمْ يَدْعُونَ عِبَادَهُ خَيْرًا ﴿٥٨﴾

\*Rabbiin isa samii torbaniifii, dachii torban , waan isaan lamaan gidduu jiruu guyyaa jaha keessatti uume kanuma waytii xiqqoo

الَّذِي خَلَقَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ وَمَا بَيْنَهُمَا فِي سِتَّةِ أَيَّامٍ

keessatti uumuu dandayu, akkaataa dalaga'aa gabroota isaa barsiisu'uu jecha, waan jarjarri dalagaa sheyxaanaa tayeef, yoo nama keessummeysu'utti, intala duraa heerumsiisu'utti nama du'e wwaalu'utti, salaati towa'atti, deynii ifirraa galchuu fa'atti jarjaruu taate malee ... rabbiin dachii guyyaa lamatti uume sun alhgada, isniina waan dachi'irra jim mara guyyaa lama keessatti uume salaasa'aa, arbi'aasamii guyyaa lamatti uume kamisaa jim'aa aadam asrii jim'aadhati

\*Eegasii rabbiin arshi'iratti ol taye ,ol tayi-

ثُمَّ اسْتَوَىٰ عَلَى الْعَرْشِ الرَّحْمٰنُ

insa isaan malu, arshiin afaan arabatti sirree mooti'iiti, asitti wanni itti fedhame waan samii torbanii ol jiru kan waan rabbiin uume hundaan marsu kan waan rabbiin uume keessaa irra gudda'aati ,

59} \*Mee yaa namana, nama waan rahgm-

فَسَأَلَ بِهِ خَيْرًا ﴿٥٩﴾

aan taye beekhu gaafadhu, waan rahgmaan taye, waan isaan maluufii, waan isaan hin malle, siif himaa, nabi Muhammad yoo waan san gaafate, rabbiitu himaaf, asaaban yoo gaafatte nabiitu himaaf, nama biraatif sheekkotii dhuga'aan diin bey tutu himaaf, ulamaa'ii teenyarraa.

\*Hoggaa kuffaara arabaa ,kan warri makk-aatin rahgmaani f sagadaa je'ame,

وَإِذَا قِيلَ لَهُمْ اسْجُدُوا لِلرَّحْمٰنِ

\*Rahgmaan maali? nuti rahgmaan hin beynuu, je'an

قَالُوا وَمَا الرَّحْمٰنُ

\*Si waan nuti hin beyne, kan ati itti nu ajajjuuf sujuunnaa? hin sujuunnu jechu'u

أَسْجُدَ لِمَا تَأْمُرُنَا

60} \*Rahgmaanif sujuudaa jechuun kun, iimaanarraa dheesuu isaanif ida'e.

وَزَادَهُمْ نُفُورًا ﴿٦٠﴾

\*Rabbiin guddate,

نُبَارِكُ

\*Kan buruja kudha lama samii keessatti uume, isaan:

الَّذِي جَعَلَ فِي السَّمَاءِ بُرُوجًا

1 حمل Hamal = bitootaysa {maaris} 22 Caamsaa {ibriil} 21

2 ثور Thowr = caamsaa {ibriil} 22 bla {maayoo} 22

3 – جوزاء Jowzaa '=ibla {maayoo} 23 waxabajjii {yuunyo} 22  
 4 – سرطان Saraxaan = waxabajjii {yuunyo} 23 Odooleessa {yuulyo} 23  
 5 – أسد Asad = odooleessa {yuulyo} 24 Hagayya {ogosxos} 23  
 6 – السنبله Assunbulah= hagayya {agoosxos} 24 Birraa {sebtembar} 22  
 7 – الميزان Almiizaan= birraa {sebtembar} 22 Onkolooleesa {oktoobar} 22  
 8 – العقرب Alkgaqrab=onkolooleesa {oktoobar} 23 Sadaasa {novembar}  
 9 – القوس Alqows= sadaasa {november} 22 Afraasa {disember} 21  
 10 – الجدي Aljadyi= afraasa {disember} 22 Ammajjii {yanaayer} 20  
 11 – اللو Addalwu=ammajjii {yanaayer} 20 Gurraandhala {febraayer} 19  
 12 – الحوت Alhguut= gurraandhala {febraayer} 20 Bitootessa {maaris}  
 21 Burujni kudha lamaan kun bakka urjiin torban yaatu qubattu, karaa isi'iiti, urjiin torban: Miriikh, Zahraa, Kguxaarid, Qamar, Shams, Mushtarii, Zuhgal, torbaan kanarra shan buruja lama lama qaba, lama tokko tokko qaba, Mariikh lama qaba sun: hamaliifii aqrabi, Zahraan lama qabdi sun thowrifii miizaani, Uxaarid jowzaa'ifii sunbulaa qabdi, Mushtariin qowsifii hguut qabdi, Zuhgal jadyiifii dalwi qabdi, ammoo Jiini saraxaan qofa qabdi, Aduunis asad qofa qabdi, rabbi in buruja kana faaydaa namaatifi samii keessatti uume akkuma nyaatafii dhugaatii dachii kee ssatti namaaf uume, burujni waan argamsiisuu waan dhabarnsiisuu, yoo buruja abaluu keessatti waa argaman rabbumaatu hoggaa san waan san argamsiisuu dabarse, akkuma hoggaa nyaatan quufa uumu, namni bur ujaatu waa uumaje'u kaafira, rabbi malee wanni waa uumu hinjiruu,

\*Rabbiin samii keessatti ifa jabaa uume, sun adu'uu .

وَجَعَلَ فِيهَا سِرَّجًا

61} \* Ammallee ki`a ibsu uume .

وَقَمَرًا مِّنِيرًا ﴿١١﴾

\*Rabbiin isa halkaniifii guyyaa wal taraa fidu, kana deemsisee, kana fidee bakka isaa buusee ,

وَهُوَ الَّذِي جَعَلَ اللَّيْلَ وَالنَّهَارَ خِلْفَةً

\* Akka namni waan kana keessatti dalaguu

لَمَن أَرَادَ أَنْ يَذَّكَّرَ

irraanfate yaadatee, kaan keessatti dalaguuf namni waan gaarii dalaguun halkan isa dabarte, guyyaa dalaga, kan guyyaa dalaguun isaa dabarte halkan dalaga,

62} \*Takkaa nama waan Rabbiin halkanii guyyaa keessatti isaan qananiise yaadatee galata isaa galchuu fedheef akkatti halkanii guyyaa fide.

أَوْ أَرَادَ شُكُورًا ﴿١٢﴾

\*Gabroottan rabbii kanneen dhuga'aan ga-brootummaa isaanii beekhanii mul'isan,

وَعِبَادُ الرَّحْمَنِ

\*Kanneen hoggaa lafarra deeman, suuta kan ifin guddifne deeman ,

الَّذِينَ يَمْشُونَ عَلَى الْأَرْضِ هُونََا

\*Kanneen hoggaa warri waan beyne waan isaan jibban isaanin je'an

وَإِذَا خَاطَبَهُمُ الْجَاهِلُونَ

63} \* Wannii gaarii dilii hin qabne je'an ka-

قَالُوا سَلَمًا ﴿٦٣﴾

nneen hamtuu hamtu'uun hi deebifne, kanneen biiluu, yookaa gadoo nama-rraa hin baane, odoo bayuu dandayanuu, hadiisa keessatti {namni obsa qabu, sawaaba namni guyyaa soomanee, halkan dhaabbatu hin arga nne, argata} jechu'uutu dhufe

64} \* Warra halkan, rabbi isaanitiif saga-da'aa dhaaba'aa bulu,

وَالَّذِينَ يَبِيتُونَ لِرَبِّهِمْ سُجَّدًا وَقِيَامًا ﴿٦٤﴾

\*Warra yaa rabbi azaabajahannam nurra qabi je'u, oduma rabbiifii namattillee tolanii jiranuu sodaatanii akkas je'an ,

وَالَّذِينَ يَقُولُونَ رَبَّنَا اصْرِفْ عَنَّا عَذَابَ

جَهَنَّمَ

65} \*Azaabni jahannam, waan nama qaba-tuu kaafira taatu zalaalamii, mu'mi na taatu hanga dilii isaa.

إِنَّكَ عَذَابُهَا كَانَ غَرَامًا ﴿٦٥﴾

66} \*Ibiddi jahannama sun bakka teess-umaa hamtuu.

إِنَّهَا سَاءَتْ مُسْتَقَرًّا وَمُقَامًا ﴿٦٦﴾

\*Warra hoggaa warra isaanii qallaban gad nannaqanii ,qisaasa hin goone,

وَالَّذِينَ إِذَا أَنْفَقُوا لَمْ يُسْرِفُوا

\*Kan hisaabarra ittin xiqqeessanii, ittin rak-kifne, odoo qabanuu, ittin qorqonne,

وَلَمْ يَقْتُرُوا

67} \*Kan qallabni isaanii, qisaasafii xiqq-eessuu {qorqoduu} jidduu taye, kan hin qi-saane kan hin qorqonne.

وَكَانَ بَيْنَ ذَلِكَ قَوَامًا ﴿٦٧﴾

\*Warra rabbi tokkicha wajji rabbi biraa hin yammanne yookaa hin ibaanne kann-een rabbitti waan biraa hin qixxeessine,

وَالَّذِينَ لَا يَدْعُونَ مَعَ اللَّهِ إِلَهًا آخَرَ

\*Warra lubbuu rabbiin ajjeesuu isi'ii ha-raam, yookaa dhoowwama godhe hin ali eefne,

وَلَا يَقْتُلُونَ النَّفْسَ الَّتِي حَرَّمَ اللَّهُ

\*Yoo haqaaf ajjeessan malee, akka inni nama ajjeefnan ajjeesu'uutii ,

إِلَّا بِالْحَقِّ

\*Warra zinaa hin goone, kanneen gumn-ummaa hin daleyne,

وَلَا يَزْنُونَ

\*Namni waan dubbane dalage,

وَمَنْ يَفْعَلْ ذَلِكَ

68} \* Jazaa yookaa qixaaxa arga .

يَلْقَ أَثَامًا ﴿٦٨﴾

\*Guyyaa qiyaama'aa azaabni dachaa isaaf godhamaa ,

يُضَعَفُ لَهُ الْعَذَابُ يَوْمَ الْقِيَامَةِ

69} \*Xiqqeenyan ibidda azaabaa san keessa zalaalamii taa'a .

وَيُخَذُّ فِيهِ مَهَانًا ﴿٦٩﴾

\*Nama eega dilii san dalagee gara rabbi deebi'ee amanee dalagaa gaarii dalage malee

إِلَّا مَنْ تَابَ وَآمَنَ وَعَمِلَ عَمَلًا صَالِحًا

\* Jara san rabbiin aakhira`atti dilii isaanii irraa haqeti bakka isi'ii waan gaarii uusafii sababaa towbaa isaatif, namni dili'irraa deebi'e akka waan dilii hin dalaginiitii,

فَأُولَٰئِكَ يَبْدُلُ اللَّهُ سَيِّئَاتِهِمْ حَسَنَاتٍ

70} \*Rabbiin kan dilii namaaf araaramee rahgmata namaaf godhuu .

وَكَانَ اللَّهُ غَفُورًا رَحِيمًا ﴿٧٠﴾

\*Namni dili'irraa deebi'e ,dilii dalagu san dhiisu'uun, maalifan dalage je'ee heenayee, amma eegu itt in deebi'u je'ee muratee,

وَمَنْ تَابَ

\*Waan gaarii dalage,waan balleesse to-lchee,

وَعَمِلَ صَالِحًا

71} \*Nama san, rabbiin towbaa isaa ni qe-ebala, inni gara sawaaba rabbii isaati deebi'a

فَإِنَّهُ يَنْوِبُ إِلَى اللَّهِ مَتَابًا ﴿٧١﴾

\*Warra kijibaan ragaa namaan baane ,

وَالَّذِينَ لَا يَشْهَدُونَ الزُّورَ

\*Isaan hoggaa dubbii fukkattuu dhagayan, takka bakka taphaa kan akka siinama'aa, walle'ee, qimaaraa bira gayan takkaa dabran,

وَإِذَا مَرُّوا بِاللَّغْوِ

72} \*Waan argan sanitti hin ida'atanii irraa if guddisaniiti ijallee irraa qabatanii, arraba irraa qabatanii dabran gara dalagaa gaari'ii.

مَرًّا كَرَامًا ﴿٧٢﴾

\*Warra hoggaa qur'aanan gorfame, waan qur'aanni, yookaa aayanni rabbii je'utti dalagu'utti yaamaman ,

وَالَّذِينَ إِذَا ذُكِّرُوا بِآيَاتِ رَبِّهِمْ

73} \* Akka nama hin dhageenye, hin garritti

لَمْ يَخِرُّوا عَلَيْهَا صُمًّا وَعُمْيَانًا ﴿٧٣﴾

irraa gara hin galanii,qalbii godhaniiti, haqa arganii, dhagayanii aakhiraa yaa-datanii sodaa rabbii ida'atanii,waan hamtuu dalagan dhiisanii, waan gaarii dalagan,ammoo kaafirri hoggaa qur'aanan gorfame akkuma waan argeenin dhagayiniitii haalli isaa hin jirjiiramu, ittin fayyadamu.

\*Warra yaa rabbi nu kenni je'u:

وَالَّذِينَ يَقُولُونَ رَبَّنَا هَبْ لَنَا

\*Beera keenyafii joollee teenyarraa,

مِنْ أَرْوَاجِنَا وَذُرِّيَّاتِنَا

\*Waan nu gammachiisu waan ijji teenyaf

قُرَّةَ أَعْيُنٍ

ijirratti dhaabbattu, beera nu gammachiisu Joollee nu gammachiiftu,diin kee qabatuudhan, waan si jaalachiisu dalaguudhan, wanni mu'minni irraa gammadu , jaartii isaa joollee isaa, mana isaa kan ibaadaa rabbii qabu argu'u,

74} \*Yaa rabbi nama rabbi sodaatuf imama nu godhi nama dalagaa gaarii keessatti warri islaamaa jala deemu nu godhi, diin nurraa baratu'uun,dalagaa gaarii nurratti laallatu'uun .

وَأَجْعَلْنَا لِلْمُنْفِقِينَ إِمَامًا

\*Warri sifa saddeettan dubbanneen dhaabbate, takkaa dalagee beekkameen ,

أُولَئِكَ

\*Darajaa, bakka ol aantuu jannata keessaa kennaman, yookaa argatan,

يُحْزَنُونَ الْعُرْفَةَ

\*Sababaa isaan ibaadaa rabbirratti obsanii dalaganiif, takkaa waan hamtu'urraa obsanii dhiisaniif,

بِمَا صَبَرُوا

75} \*Jannata san keessatti Salaamtaa argatan malaayka'arraa, yookaa rabbirraa,yookaa garii isaanitiitu garii isaanirratti salaammata, rabbiin karaa hundaan isaan guddisa.

وَيُلْقَوْنَ فِيهَا تَحِيَّةً وَسَلَامًا

\*Isaan jannata qanani'ii san keessa taa'an ,kan hin duune kan irraa hin baane ,

خَالِدِينَ فِيهَا

76} \* Jannanni sun waa bakka teessumaa gaari'ii ... warrajannatatti teessumti tolte

حَسَنَاتٍ مُّسْتَقَرًّا وَمُقَامًا

\*Ormi kuffaaraatiin akki jettu Rabbiin waa takka gatii isinii hin godhu, isa biratti gatii hin qabdan, qur'aana biratti ergamaa rabbii biratti gatii yookaa ayaa hin qabdan,

قُلْ مَا يَعْبَأُ بِكُمْ رَبِّي

\*Odoos isin hoggaa rakkattan gara Rabbii deebitanii isa yaamatuu baattanii, wanni namni uumameef, akka rabbii isa uume be-

لَوْلَا دُعَاؤُكُمْ

ekhu'uufi namni rabbii ifii hin beyne, akka  
hori'iiti ,

\*Duuba isin yaa kuffaara makkaa qur'aana  
rabbii kijibsiiftanii jirtanii .

فَقَدْ كَذَّبْتُمْ

77} \*Azaabni rabbii addunyaarratti isin

فَسَوْفَ يَكُونُ لِزَامًا ﴿٧٧﴾

qabatuurraa hafiinsi hin jiru, azaabni sun guyyaa badriitii aakhira'atis akkasi  
imaamul qurxubiin akki je'e: rabbiin sifa kudha tokkoon mu'mina akeeke.  
yookaa tilmaame , waan dhiisu'uufii, waan dalaguun barbaadamurraa:

- 1 } Ifguddisuu dhabuu
- 2 } Obsa
- 3 } Halkan salaatu
- 4 } Azaaba rabbii sodaatuu
- 5 } Horii qisaasuu dhabuu ammallee qorqoduu dhabuu
- 6 } Rabbitti waa qixxeessu'urraa fagaatuu
- 7 } Zinaadharraa, nama ajjeessu'urraa fagaatu 8} Towbaa, deebi'uu
- 9 } kijibarraa fagaatuu
- 10 } Gorsa qeebaluu
- 11 } khadha rabbii heddommeysuu, warra waan dhagaye qeebalee itti dalagu  
rabbi nu haa godhuu